Oromiyaa

Lakk. 353

Oduu

Bara kana qofa waldaaleen hojii gamtaa bu'uraa 1600 ol hundaa'aniiru

Naannoo Oromiyaatti fedhiin waldaa hojii gamtaatiin ijaaramuu cimaa dhufuu isaatiin bara kana qofa waldaaleen bu'uraa 1670fi yuuniyeenonni 8 hundaa'uu isaanii komiishinariin komishinii babal'ina waldaa hojii gamtaa Oromiyaa beeksisan.

Komiishinariin babal'ina waldaa hojii gamtaa Oromiyaa Margaa Tolaa tibbana gaazeexaa Oromiyaatti akka himanitti, waldaaleen hojii gamtaa qonnaan bulaan tajaajiloota oomishaafi oomishtummaa isaa guddisuu dandeessisan dhiheenyaafi karaa salphaa ta'een akka argatu gochuuf kan hundaa'anidha.

Tajaajilli waldaaleen hojii gamtaa qonnaan bulaaf kennan bu'a-qabeessa ta'uu isaatiin fedhiin waldaan ijaaramuu cimaa dhufuu isaa komiishinarichi ibsanii, yeroo kamiyyuu caalaa barana waldaaleen hedduun ijaaramuu isaanii addeessaniiru.

Tajaajilli guddaan gama waldaaleetiin raawwatamu bittaafi raabsii callaa guddiftootaa ta'uu kan ibsan komiishinar Margaan, waggoota sadii as yuuniyeenonni callaa guddiftuu biyya alaatii galchanii akka raabsan taasifamuu isaa dubbataniiru.

Haaluma kanaan xaa'oo yuuriyaafi daappii bara kanaaf barbaachisu kuntaala 1,858,286 keessaa hamma oduun kun qindaa'etti kan bara darbe irraa as ce'e yuuriyaa kunt 358,286 dabalatee kuntaalli 1,306,394 waldaalee bu'uraa harkaa ga'eera. Xaa'oo barana biyya alaatii gale kunt. mil. 1.5 kan galchan yuuniyeenota Loomee -Adaamaa, Erer, Heexosaa, Biiftuu Salaaleefi Gibee -Dhedheessaa yemmuu ta'an, liqaa bittaa kanaatiif oole birr. 550,946,83f mootummaan wabii ta'uu isaa komiishinar Margaan addeessaniiru.

Kana malees keemikaala farra aramaa barbaadamu liitira 197,219 keessaa hamma ammaatti liitirri 169,588 dhihaachuu isaa komiishinariin kun eeranii, sanyiin filatamaa adda addaa kuntaalli 46,641 qofti argamuu dubbataniiru. Kunis fedhii jiru waliin yemmuu madaalamu walakkaa illee akka hin taane addeessaniiru.

Naannoo Oromiyaatti walumaagala yuuniyeenonni 56 fi waldaaleen bu'uraa 5,300 hundaa'anii hojii keessa galaniiru.

Godina Harargee lixaatti hojiin eegumsa naannoo bu'a-qabeessa ta'ee jira

Godina Harargee lixaatti bosona manca'e bakka buusuudhaaf sochii taasifameen waggoota lamaa darban keessa keessatti biqiltuuwwan mukaa adda addaa mil. 92.9 dhaabuudhaan lafa heek. 21,000 misoomsuun akka danda'ame waajjirri qonnaafi misooma baadyaa godinichaa ibse.

Itti gaafatamaan waajjirichaa Ob. Abduu Haji Kadir gaazeexaa Oromiyaaf akka ibsanitti, biqiltuuwwan mukaa dhaabaman kana keessaa % 75 ol kan ta'an kunuunsa gaarii argachuun qabataniiru. Kana malees daagaa dhagaafi biyyoo km. 66,647 hojjechuudhaan dhiqama biyyee to'achuun akka danda'ame Ob. Abduun dabalanii addeessaniiru.

Hojiiwwan eegumsa naannoo hojjetamaa jiran kanaan qilleensi mijaa'aan uumamaa dhufuu itti gaafatamaan kun eeranii, maddi bishaanii goganii turan deebi'anii ba'aa akka jiraniifi kan xiqqaachaa dhufanis dabalaa akka jiran himaniiru. Kana malees bosonni manca'e bakka bu'aa waan jiruuf bineensonni bosonaa kan akka gadamsaa godaananii turan deebi'aa akka jiran addeessaniiru.

Sochiin mootummaafi hawaasni qabeenya uumamaa manca'e bakka buusuuf taasisaa jiran itti fufuu isaa Ob. Abduun ibsanii, bar-kumee fi karoora godinaa ilaalchisee akka godinaatti biqiltuuwwan adda addaa mil. 40.4 dhaabuuf qophiin akka jiru dabalanii addeessaniiru.

Gama biraatiin godinichatti bara kana dargaggoota lafa qonnaa hin qabne 12,000 bakka lafti qonnaa jiru qubsiisuudhaaf karoorfame keessaa marsaa lamaan dargaggoota 12510 aanaalee Daaroo labuufi Bookee qubsiisuun akka danda'ame ibsameera.

Kanneen qubataniifis matamataatti lafti heek. lamaafi qotiyyoo tokko-tokko kennamuu kan ibsan Ob. Abduun, bakka qubsumaa kanattis tajaajilli fayyaa, baabura midhaanii, bishaanii ijaaramuu dubbataniiru.

Bara darbe qubattoota 3,310 aanaalee Bookeefi qunnii keessa qubsiisuun akka danda'ame niyaadatama.

Rakkoo asiidii biyyee maqsuudhaaf tarkaanfiin fudhatamaa jira

Godinaalee Oromiyaa lixatti asiidiin biyyee keessatti baay'atee omishitummaan akka hin daballe gufuu ta'ee waan jiruuf, mootummaan rakkinicha hiikuuf tarkaanfii fudhataa jira jedhame.

Biiroo misooma qonnaa fi baadiyaa Oromiyatti, itti gaafatama qajeelcha misoomaa fi eegumsa midhaanii kan ta'an Dr. Saamu'eel Asaffaa akka ibsanitti, maasii qonnaan bultoota asiidiin itti baay'atee, omishitummaan akka gad bu'u taasiisaa waan jiruf, "Nooraa" biyyeetti makuudhaan rakkinnichi akka hiikkamu taasifamaa jira.

Akka Dr. Saamu'eel jedhanitti, Nooraa biyyee asiidii qabutti yoo makan asiidummaan biyyee akka xinnaatu taasiisa, nooraan yeroo tokko biyyetti makame biyyee keessa turee asiidummaan biyyee akka xinnaatu taasisa.

Biyyee asiidiin itti baay'ate Nooraadhaan kunuunsuun omisha gaarii argachuu akka dandeessisu, waggaa darbe bakka muraasatti yaaliin jalqabamee bu'aan gaariin irraa argameera kan jedhan Dr. Saamu'eel, muuxannoo achirraa argameen, waggaa baranaa maasii qonnaan bultoota kuma afur irraa biyyeen fuudhamee laaboraatoriin xiinxallamee, maasii asiidiin akka itti baay'atu beekkame nooraa itti makuun rakkinnichi akka salphatu tarkaanfiin fudhatameera; kunimmoo omishitummaa guddisuuf karoora qabame milkeessuu keessatti qooda guddaa qaba jedhaniiru.

Jiraattonni malaammattummaa irratti duuluuf qophii ta’uu ibsan

Bar-kumee haaraa kanatti malaammaltummaafi hojmaata badaa irratti duuluuf qophii ta’uu isaanii jiraattonni ganda Eela Biduu beeksisan.

Godina Baalee aanaa Agaarfaatti jiraattonni gandichaa marii gandaa irratti akka ibsanitti, malaammaltummaafi hojmaata badaa jiruufi jireenya isaanii bara dheeraaf jeeqaa ture kana irratti duuluuf qophii ta’uu ibsaniiru.

Bulchaan gandichaa Ob. Hasan Huseen haasawaa taasisaniin, malaammaltummaafi hojimaata badaa irratti qabsaa’uuf haalli mijaa’aan akka jiru addeessanii, hawaasni gandichaa hirmaannaa isaa cimsaa itti fufuu qaba jedhaniiru.

Jiraattonni gandichaa bar-kumee haaraa kanatti yeroo kamiyyuu caalaa harka wal qabatanii malaammaltummaaf hojimaata badaa irratti duuluudhaan cinaatti hojii misoomaa irrattis qooda fudhachuuf qophii ta’uu beekuun danda’ameera.

Aanaa Gindabaratitti callaa guddistuun addadda raabsamaa jira

Godina Shawaa lixaa aanaa Gindabaratti xaa'oon daappii kuntaala 972.50 fi yuuriyaan kuntaala 264 akkasumas, sanyiin filatamaa boqqoolloo kuntaalli 52 qonnaan bulaadhaaf raabsamuusaa Ob. Daan'eel Zannaba itti gaafatamaan waajjira babal'ina waldaa hojii gamtaa aanichaa ibsan.

Walumaagalatti xaa'oon daappii kuntaala 5,044 akkasumas, yuuriyaan kuntaala 1,782 kan barbaadamu yemmuu ta'u, hanga ammaatti xaa'oon daappii kuntaalli 972.50 akkasumas, yuuriyaan kuntaalli 264 raabsamuusaa Ob. Daan'eel dubbataniiru. Itti dabaluudhaanis kan hafe qonnaan bulaaf raabsuudhaaf sochiin addaddaa taasifamaa akka jiru eeraniiru.

Bara oomisha 1998/99 liqiin birrii 1,379,609 kenname keessaa birriin 1,229,337 deebi'uusaa itti gaafatamichii eeraniiru.

Gama biraatinis aanichatti daa'imman kuma 20 ol ta'an qoricha dhukkuba laamsheessaa (pooliyoo) talaalamuusaanii Ob. Ijaaraa Giraanyii itti gaafatamaan Waajjira Eegumsa Fayyaa aanichaa ibsaniiru.

Anuma kana keessatti dargaggeessi waggaa 16 muccayyoo waggaa afurii dirqisiisee gudeede adabbiin cimaa waggaa 20 irratti murtaa'uusaa Ob. Fiqree Qaqqabaa abbaan murtii aanichaa dubbatan. Akka Ob. fiqreen dubatanitti dargaggeessi maqaan isaa Mokonin Ayyaalew jedhamu ganda caandoo Jibbaa keessatti gaafa guyyaa 22/8/99 sa'ati 11 irratti yakka kana hojechuunsaa ragoolee dhiyaateefi raagaa mana yaalaatiin qulqullaa'een ta'uunsaa beeksiisuusaanii odeeffannoon Waajjira qunnamtii ummataa aanaa Gindabara irraa argame ni addeessa.

Leenjiin barattootaa dagaagina sirna demokraasiitiif

Sirna demokraasii biyya keenyaa dagaagsuudhaaf mootummaan hojiiwwan adda addaa hojichaa akka jiru ni beekama. Hojiiwwan kanneen keessaa ammoo kutaalee hawaasaa addaddaa haala sirnichaa irrattis haata'u hojii kallattiidhaan isaan ilaallatu irratti leenjiin kennamu isa tokkodha.

Kutaalee hawaasaa yeroo adda addaa leenjii fudhatamiifi ammas fudhachaa jiran keessaa ammoo barattoonni isaan tokkodha. Ganna kana barattoota barnoota sadarkaa 2ffaa leenjisuuf (marsaa lamaan) karoorfamee marsaa lamaan kanaan barattoota 200,000 leenjiisuun akka danda'ame ragaan waajjira giddu galeessaa Dh.D.U.O irraa argame ni agarsiisa.

Akkuma beekamu barattoonni boru biyya kana fudhatanii kan bulchan isaan waan ta'eef hojii boru isaan eeggatuuf har'a qapheessuun barbaachisaadha. Kanaaf leenjiin barattootaa yeroo adda addaatti gaggeeffamaa jirus kanuma kan mirkaneessuudha.

Armaan olitti akkuma eeruuf yaalametti barattoonni har'aa boru dirqama biyyaa isaan eeggatu ba'uudhaaf qopaa'uu kan qaban har'adha. Kanaaf sirna demokraasii ijaaramu irratti hubannoo yoo hin arganne, mirga ummanni keenya qabsoo isaatiin har'a gonfate kan dagaagsaa deemuunhin danda'amu.

Hunda caalaa ammoo barataan humna biyyattii waan ta'eef humna kana guddina biyyaafi ijaarsa sirna demokraasiif oolchuu kan danda'u ammoo har'uma mana barumsaa irraa kaasee hubannoo cimsachaa yoo dhufedha.

Haaluma kanaan leenjii barattootaa ganna kanaa dhimmoota ijaarsa sirna demokraasiifi misooma keessatti ga'een barattootaa olaanaa ta'uu irratti kan xiyyeeffatedha.

Kana malees mata duree "eeboo summaa'aa ummata Oromoo waraane" jedhuufi "Bu'aan tarsiimoo keenyaa mirkanaa'eera" mata duree jedhu irratti leenjiin kennameera.

Akkuma armaan olitti eerame kaayoon leenjii kanaa inni guddaan barataan boru dirqama isaan eeggatu ba'uu akak danda'u qopheessuudha. Sochii gama kanaan taasifameen bara darbe leenjiin barattootaaf kennamee kuma 74 kan ta'an miseensummaan hammatamuun isaanii niyaadatama. Barattoonni kunneen leenjii gannaa kana irratti kan hirmaatan yemmuu ta'u kanneen hafan deeggartummaan qabamanii hojiin wal fakkaataan fuulduraafis akka itti fufu beekuun danda'ameera.

Leenjiin barattootaa marsaa lamaan adeemsifamee xumurame kun guyyoota kudhaniif kan kenname yemmuu ta'u marsaa tokkoffaan Waxabajjii 12-22 bara 1999 marsaan lammaffaan ammoo Waxabajjii 22-Adoolessa 1/1999tti kan Adeemsifame ta'uu ragaa wajjira giddu galeessaa Dh.D.U.Otii argame kun ni mirkaneessa.

Akka naannoo Oromiyaatti barattoota itti gaafatamummaa boru isaan eeggatuuf qaqqabsiisuuf sochiin adda addaa taasifamaa kan jiru yemmuu ta'u, hojiin kun barattoota ijaarsa sirna demokraasiitiif adda duree ta'an hojii qabsiisuu qofa osoo hin ta'iin oggantummaaf qopheeffamuunis hojii hojjetamaa jirudha.

Haaluma kanaan waggoota lamaan darban adda addaa irraa eebbifamanii hojiitti ramadaman keessaa 130 kan ta'an barnoota ol'aanaaf deebi'anii akka galan taasifameera. Adeemsi kun fuulduraafis kan itti fufu yemmuu ta'u, leenjii barattoota sadarkaa 2ffaa kennamu kun qaama adeemsa kana akka ta'e hubachuun nidand'ama.

Ijoo Dubbii

Kan seera kabajeef dirreen qabsoo mijaawaadha

Akkuma yeroo garaa agaraa, bifa garaa garaatiin irra deddeebi'amee dubbatamaa tureefi akkuma beekamu, sirnoota darban keessa biyya kanatti maqaa paartii siyaasaatiin gurmaa'anii socho'uun, hojimaata mootummaa ifatti qeeqachuufi aangoo siyaasaatiif karaa nagaa dorgomuun haa hafuuti yaaduun mataan isaa yakka ta'ee nama hiisisaa, ajjeesisaa tureera. Bara Hayile sillaasees haa ta'u bara Darguu, adeemsa siyaasaa keessatti ifaan qooda fudhachuun, maqaa paartii siyaasaatiin gurmaa'aniifi sagantaa siyaasaa adda ta'e qabatanii socho'uun haa hafuutii, kana yaaddaniittu jedhamuudhaan murtii seeraan ala, kan hidhaman, kan reebichaan qaama hir'atan, kan ifaati yookii dhoksaan ajjeefaman, kan biyyaafi maatii qaban dhiisanii biyya halagaatti baqatan hedduu dha.

Har'a haalli siyaasaa suukanneesaan akkasii ijaarsa sirna demokraasii jalqabameen jijjiiramee, haalli qabsoo mijaawaan uumameera. Har'a, biyya keenya keessatti yaaduu qofaa utuu hin taane, haalaafi maqaa barbaadameen gurmaa'anii adeemsa siyaasaa keessatti qooda fudhachuun mirga heera mootummaatiin wabii argate ta'eera. Har'a, biyya keenya keessatti yaaduu qofaa utuu hin tane, sagantaa siyaasaa adeemsaa mootummaan hordofu irraa adda ta'e baafatanii ifaan socho'uun, ummata walitti qabanii mari'achiisuun, sagantaa ani baafadhetu caalaa biyya fayyada jechuudhaan karaa nagaafi demokraatawaa ta'een falmuun, heera mootummaa, sirna demokraasii heera motummaatiin diriirfameefi seerota biyyatti kunneen biroo kabajuudhaan karaa nagaafi demokraatawaa aangoo siyaasaa qabachuuf dorgomuun danda'meera.

Har'a, biyya keenya keessatti seeraan ala gaafatamuuniif haaloodhaan miidhamuun hafeera. Muummeen minisisteera, Ob. Mallas Zeenaawii, Waxabajjii 22/99 gaaffii miseensota caffee bakka bu'ootaarraa dhiyaateef deebii kennaniin kan mirkaneessanis kanuma.

Ob. Mallas, haasawaa isaanii aduu sanaatiin, yakka darbe qofaa qabachuun qaama yakka sana raawwate haaloo bu'uun, sababa yakka raawwatame sanaatiin

suukannuussuun, hirmaannaa siyaasaatiin ala taasisuun kaayoo mootummaa kanaa akka hin taane hubachiisaniiru. “waan guddaan deemsa fuulduraa keessatti heera mootummaafi sirna heericha mootummaatiin diriirafame kana kabajanii socho’uudhaaf of-qopheessuudha, waadaa hindachaane seenuudha, kun taanaan, Fanjii hangana dhokaafteetta, nama hanganaa miiteetta, qabeenya hangnaa barbadeessiteetta jennee haaloo ba’uuf hin yaallu” jedhaniiru. Kunimmoo qaama isaa galuuf ergaa guddaadha, ijaarsi sirna demokraasii keenya firi-qabeessaa ta’uu isaatiif ragaa ol’aanaadha. Kanaafuu, heera mootummaafi sirna heericha mootummaatiin diriirfame kana kabajuudhaan ijaarsa sirna demokraasii jalqabame caalmaatti cimsuuf, guddina misoomaa deggaruuf karaa nagaafi demokraatawaa socho’uun barbaachisaadha. Heera mootummaa, hirmaannaa ummatootaatiin, raga’eefi seerota biyyattii kabaje qaama socho’uu barbaaduuf dirreen qabsoo mijaawaadha. Wanti kanaan alaa garuu boodatti hafummaa ta’uu isaarrayyuu, erga kufanii booda gangalachuu ta’a.

Aaga badhaadhinaa

Omishi qonnaa bara itti aanus akka dabalu gochuudhaaf

Waggootii afran darban omishi qonnaa akka naannoo keenya Oromiyattis ta'ee, akka biyyaalessaatti dabalaa dhufuun isaa ni beekama. Guddina callaa qonnaa bara baraan galma'aa dhufe, bara omishaa 1999/2000tillee dabalataan guddisuudhaaf karoorri qabamee sochiin cimaan taasifamaa jira.

Callaa qonnaa guddisuu keessatti qooda guddaa kan qabu qonna gannaati. Kanaafuu, xiyyeeffannaan qonna gannaatiif kennamu guddaadha. Callaan qonna gannaa irraa argamu dabalee jennaan waliigalaan dinagdeen biyyattii ni dabala jedhanii dubbachuun ni danda'ama. Bu'uurri dinagdee biyya keennaa qonna waan ta'eef.

Oromiyaan handhuura omisha qonnaa biyya keennaati. bal'ina lafaatiinis ta'ee, lafti jirtu omisha qonnaatiif mijaayina qabaachuun sadarkaa duraa irra jirti. Kanaafuu, waa'een guddina callaa qonnaa yeroo ka'uu, callaan Oromiyaa keessatti omishamu biyyattiidhaaf murteessaa ta'uun isaa waan gaaffii qabuu miti. Kun egaa dhugaa ta'uu kan danda'uu, omishaafi omishitummaa qonnaa guddisuuf tumsi barbaachisaan yoo taasifameedha. Callaan bara baraan guddina agarsiisaa dhufe bara itti aanus akka guddatu, karoorri, qophiin akkasumas qabatamaan hojicha raawwachuun utuu hin jajallanne yoo deemsifameedha.

Gama kanaan akka Oromiyatti hanga ammatti maaltu raawwatame? kan jedhu Biiroo Miisooma Qonnaa fi Baadiyaa Oromiyaatiif gaaffii dhiyeessinee, deebii nuukennan akka itti aanutti qindeesineera. Gaaffii kaafne kanaaf deebii kan nuuf keennan Dr. Saamu'eel Asaffaa, Biirichatti itti gaaffatamaa qajeelcha misoomaa fi eegumsa midhaaniti. Ibsa Dr. Saamu'eel irraa akka hubannetti, akka Oromiyatti qonni murteessaan qonna gannaati. Waan ta'eefuu, callaa guddisuuf hojiin guddaan xiyyeeffanaadhaan itti deemamaa jiru qonna gannaa kana. Haaluma kanaan, omisha qonnaa waggootii darban dabalaa dhufe, bara omisha itti aanuttis akka dabalu taasisuuf, hojiileen ijoo ta'an hojjatamaa dhufaniiru.

Fakkeenyaaf, ogeessotiin qonnaa, hojjattoonni misoomaa akkasumas qonnaan bultoonni leenjii dandeettii isaanii cimsu akka argatan taasifameera. Xiyyeeffannaan leenjii kanaa, dandeetti ogeessotas ta'ee kan qonnaan bulaa cimsuudha. Waan dura hin baratin irratti leenjii fudhatanii tekinikaan jabaatanii akka argaman taasisuudha. Dandeettiin isaanii yoo cime, omishaa fi omishitummaa guddisuu keessatti qoodni qabu guddaadha. Amantaa kanarraa ka'amee sagantaa qopha'umsaa keessatti karaa ijaarsa dandeettiidhaan leenjiin kan kenname ta'uusaa ibsan Dr. Saamu'el.

leenjiin kun ogeessotaafis ta'ee qonnaan bultootaaf kan kenname waa'ee tajaajila ekisteenshiniifi sirna ekisteenshinii irratti jechuunis, teknolojiin omishaa fi omishitummaa guddisu haala kamiin qonnaan bulaa bira akka ga'uu, odeeffannoon haala kamiin akka darbu, hojiin ekisteenshinii kana dura ture ciminaafi dadhabina akkam kan qabu akka ture ilaalchisuudhaan kenname.

Omishitummaa bara itti aanutti guddisuuf sochiiwwan karaa Biiroo misooma qonnaa fi Baadiyaa Oromiyaatiin taasifaman keessaa inni tokko leenjii asii olitti ibsame yoo ta'uu, inni lamaffaan, qonnaan bulaa teknolojii haarawaa wajjin walbarsiisuuf leenjii kennameedha. Gama kanaan akka fakkeennatti kan ka'uu, leenjii "BBM" irratti xiyyeeffa tuudha."BBM" meeshaa yeroo facaasaa itti gargaaraman; lafa biyyee kootichaa bishaan irra ciisuun biqila balleessu, meeshaan kun bishaan maasii keessa ciise, maasii keessaa coroorsee baasuun biqila badii irraa baraarsa. Tajaajila teknolojii kanaa barreeffama keenna gaazexaa lakkoobsa 352 irratti ballinaan dhiyeessuun keenna waan yaadatamu. Kanatti dabalamee, omisha bara itti aanuu guddisuuf hojiin hojjatame, omishitummaa biyyee asiidii fooyyessuudha.

Akka Dr. Saamu'el jedhanitti godinaaleen Oromiyaa kan gara lixaa, sababa biyyee keessatti asiidummaan guddataa deemeef, omishitummaan lafaa xinnaataa dhufeera. Rakko kana hiikuuf bara darbe yaaliin muraasni taasifamee ture. Biyye asiidii qabdu Nooraa itti makuun, asiidummaan akka xinnaatu taasifamee bu'aan gaariin waan mul'ateef, bara kana maasii qonnaan bultoota 4000 irraa biyyeen fuudhamee laaboraatoriin laallamee, biyyee asiidii akka qabdu mirkanaawe Nooraan akka itti

makamu taasifamaa jira. Asiidummaan biyyee keessaa yoo xinnaatu, omishitummaan wan dabaluuf, gama kanaanis callaan bara dhufuu akka dabalu taasisa jedhameera.

Callaan bara itti aanuu akka dabalu wantoota taasisan keessaa inni biraa callaa xaa'oofi sanyii filatamaa qonnaan bulaaf haala ga'aa ta'eefi yeroon dhiyeessuudha. Gama kanaan sochii ture, maxxansa dhufu keessatti ilaallaa hangasiif kanumaan nagatti nuu turaa.

Aramaan haala mijaayaa argatee akka miidhaa hin dhaqabsiifne

Omisha qonnaa biyya keenyaatiif wanti murteessaan rooba akka ta'ee beekkamaadha. Omishi jiruufi jireenya hawaasa keenya murteessu inni ol'aanaan kan omishamu yeroo gannaati waan ta'eef. Kanaafuu, roobni gannaa ga'aan argamuun isaa callaa ga'aa omishuudhaaf, haala dureewwan barbaachisan keessaa isa duraati jechuun ni danda'ama. Woyta gaga'amni roobaa turetti gaaga'amni jireenyaa hawaasa keenna qunnamaa ture hangam ulfaataa akka ta'ee utuu fagoo hin deemne haala bara 1994/95 biyya keenna muddate qoftii yaadachuun hubachuun ni danda'ama.

Bara 1995 asi gaaga'umsi roobaa cimaan biyya keenna qunnamee hinbeeku. Darbee darbee godinaalee gammojjummaa qaban gaaga'uun haa jiraatuu malee. Roobni gannaa haala gaariidhaan roobuun, keessattuu omisha qonnaatiif murteessaadha. Kana yeroo jennus tamsa'inni roobaa guddina callaatiif haal dureewwan barbaachiisan keessaa tokko fi isa murteessaadha jechuu keenya malee, omishitummaa guddisuudhaaf roobni argamuun qoftiin ga'aahda jechuu miti.

Omishitummaa guddisuudhaaf wantoonni barbaachisan hedduudha. Lafa yeroon qopheessuun, sanyii gaaritti gargaaramanii yeroodhaan facaasuun, xaa'otti fayyadamuun, miidhaan yoo biqile aramaa irraa ittisuun, ilbiisaafi kkf irraa ittisuudhaan kunuunsuun dhimmoota murteessaa omishitummaa callaa guddisaniidha.

Roobni baranaa omisha qonnaatiif baayyee mijaayaa akka ta'ee ogeessotiin qonna ni dubbatu. Roobni ga'aan jiraachuun biqila midhaaniitiif mijaa'aa akkuma ta'ee marga aramadhaafis akkasuma mijaayaadha. Omishitummaa guddisuudhaaf, hojiin cimaan gama qonnaatiin hojjatamu malu aramaa ittisuudha. Rooba guddatee jiru waliin aramaanillee akka guddatu ogeessotiin qonnaa shakkii qaban ibsaa jiru.

Qonnaan bulaan keenya omishaa fi omishitummaa guddisuuf, maasii yeroon qopheessuuf dhama'eera. Sanyii fi xaa'oo baasii guddaa itti baasee yeroodhaan facaaseera. Kana hojjachuudhaan qofa callaa yaadamu argachuun akak hin danda'ame,

muuxannoo horachaa dhufeen hubannaa argateera. Omishaa fi omishitummaa guddisuun kan danda’amu qophii lafaa irraa kaasanii hanga callaan walittii qabamee gobisaa galutti kunuunsi barbaachisaan yoo taasifameedha.

Haala qilleensa baranaa irraa yoo kaanu armaan baayya’atee mul’achuudhaaf carraa guddaa qaba. Qonnaan bulaan keenna, kana beekee utuu aramichi guddatee miidhaa hinqeessine ittisuudhaaf of qopheessuu akka qabu ogeessotiin qonnaa gorsa isaanii dabarsaa jiru. Gorsa kana hojii irra olchuuf of qopheessuun ga’ee tokko tokko qonnaan bulaa keennaa yoo ta’uu, haala kana sirritti duukaa bu’uun qonnaan bulaaf gorsa barbaachisaa kennuun, ga’ee hojjattoota misoomaa qonnaan bulaa waliin jiranii akka ta’e hubachiisuu feena. Bara omishaa gaarii.